# Hojjettoota ulfaa fi maatiiwwan haaraa

## ULFA BAKKA HOJIITTI

Yoo ulfa taatan, yaadannoo doktora osoo hin kenniin bakka jireenyaa armaan gadii gaafachuuf mirga qabdu. Hojjechiisaan keessan kanneen armaan gadii dhiyeessu qaba:

- mana fincaanii yeroo baay'ee ykn yeroo dheeraaf, boqonnaa nyaataa fi bishaanii;
- taa'umsa; fi
- daangeffama paawundii 20 caalaatti ol kaasuu

Yeroo gorsi ogeessa eegumsa fayyaa ykn doula irraa isiniif kennamu jijjiirraa bakka hojii biroo gaafachuuf mirga qabdu. Sababii isin ulfa taataniif hojjechiisaan keessan haala hojii keessanii akka sirreessitaniif isin gaafachuu hin danda'uu.

## ULFAA FI BOQONNAA HOJII MAATII

Minnesota's Paid Leave program hojjettoota baay'eedhaaf yeroo ulfaa, da'umsa booda ykn daa'ima waliin walitti dhufeenya uumuuf yeroo boqonnaa kaffaltii fi eegumsa hojii ni kenna.

Kanneen armaan gadiitiif heyyama kaffaltii qabu argachuu dandeessu:

- fedhii fayyaa-ulfaan walqabatee;
- da'umsaa fi damdamannaa;
- yeroo walitti hidhamiinsa akka warra dhalootaa ykn dhaloota hin taaneetti; fi
- walitti hidhamiinsa guddifachaa ykn ramaddii kunuunsaa boodaaf

Yoo ulaagaa guuttan, kunuunsa mataa keessaniif hanga torban 12, walitti hidhamiinsaaf ammoo torban 12, walumaa galatti hanga torban 20 fudhachuu dandeessu. Boqonnaan boondii erga daa'imni dhalatee, guddifachaaf fudhatame ykn ramaddii kunuunsa keessa erga kaa'ame ji'oota 12 keessatti hojiirra oola. Boqonnaa kaffaltii qabu irra jirtan, kaffaltii idilee kee keessaa hamma tokko mootummaa irraa ni argattu. Boqonnaa Kaffaltii qabu eegumsa Seera Boqonnaa Maatii fi Yaalaa (FMLA) federaalaa wajjin wal-irra bu'uu danda'a. Yoo Boqonnaa Kaffaltii qabu ykn FMLA argachuuf ulaagaa hin guuttan ta'e, seerri Minnesoota ammallee boqonnaa warraa kaffaltii malee hojii dhiisuu torban 12'f ni kenna. Boqonnaan kun haala immigireeshinii keessanii, yeroo hammamii hojjechiisaa keessaniif hojjettan, ykn guddina hojjechiisaa keessanii osoo ilaalcha keessa hin galchin isiniif kennama.



Waa'ee ulaagaa guutuu,akkaataa itti iyyatan, fi ulaagaalee hojjechiisaa payleave.mn.gov irra caalaatti baradhaa.

## BAKKA HOJIITTI AANNAN HARMAA BAASUU

Bakka Hojiitti aannan harmaa baasuu yoo murteessitan hojjechiisaan keessan, guddina isaa osoo hin ilaalin, kanneen dhiyeessuu qaba:

- beenyaa keessan osoo hin dhabin aannan barmaa baasuuf yeroo boqonnaa isiniif kennuu fi
- bakka qulqulluu, dhuunfaa fi nageenya qabu kan aannan harmaa baasuuf oolu kan:
  - kutaa dhiqannaa hin taane;
  - kan ija namaatti hin mul'anne;
  - Gidduu seenummaa miiltoowwan hojii fi ummata irraa bilisa kan ta'e;
  - bakka hojiitti dhihoo kan ta'e; fi
  - Bakka sarara elektirikii qabu ta'u qaba.

Ulaagaa kana irraa kan hafe daangeffamni jiraachuu danda'a. Fedhii keessanirratti hundaa'uun yoom aannan harmaa baastan filachuu dandeessu, kunis yeroo boqonnaa kaffaltii qabutti, yeroo boqonnaa kaffaltii hin qabne, kan akka boqonnaa nyaataa, ykn yeroo biraatti aannan harmaa baasuu jechuudha.

Hojjechiisaan keessan boqonnaa fudhachuu ykn, bakka ciisichaa ulfaa ykn aannan harmaa baasuuf boqonnaa gaafachuu keessaniif haaloo bahuun, ykn tarkaanfii hamaa isin fudhachuun seera aladha.

## NU QUNNAMAA

Istaandardii Hojjetaa 651-284-5075 irratti ykn dli.laborstandards@state.mn.us qunnamaa.

DEPARTMENT OF LABOR AND INDUSTRY
Labor Standards • 443 Lafayette Road N. • St. Paul, MN 55155 651-284-5075 • dli.mn.gov • dli.laborstandards@state.mn.us

Yaadachiisa: Kun gabaabinaan seera Minnesootaati. Akka qajeelfamaatti kan yaadame yoo ta'u, Seera Minnesootaan walqabatee jiruuf bakka bu'aa ta'ee fudhatamuu hin qabu.